Akkaataa dilaala Qabeenyaa ilaalchisee xiinxallaa sadarkaa ol-aanaan geggeeffame?

<table>
<tr><td rowspan="2">Waajjirri Tilmaamsaa kan Magaalaa Minneapolis, gatii qabeenna Manneenii fi Qabeenna Dhuunfaa Shallagee Ramada.

Akka seera kutaa kanaatti, tilmaamsaa fi ramaddiin gatii manneenii waggaa mara Amajjii 2 fi Muddee 1 kaayama. Waajirri Tilmaamsaa gatiin mana tokkoo meeqa akka taye haala gabayaa ka bara sanii guutummaan hordofee gatiin manichaa Amajjii 2 ka waggaa dhufuu haga hagam tah’uu akka qabu herregee murteessee kaaya. Gatii Amajjii guyyaa 2-ffaa santu, dilaala (gibira) manaa ka bara itti aanuutiif hundee taha.
.</td><td>Toohattoonni Tilmaamsaa, gatii gabayarratti qabeenni tokko baasu ka shallagan, ulaagaalee gatii gabayaa irratti dhiibbaa qabaatan kanneen akka bal’inna, umrii, akkaataa qabeentichaatii fi ijaaramee dhumiinsa mana gar jallaa, kanumarratti dabalamee, bakka ibiddaa, mana dhiqataa ka biraa, gola adda addaa qabaatuu manichaatii fi akkasumas ulaagaalee kanneen biroo hundee taasifatuudhaani.

Toohattoonni Tilmaamsaa akkaataa gatiin bittaa-gurgurtaa gabaaa naannoo keessaa turee fi akkasumas naannawa biraa keessatti gatii qabatamaa qabeeenni itti gurguramu hubatuudhaaf qormaata gad-faginaa deemsisan. Dameen Dilaalaa ka mootummaa kutaa, odeeffannoo bittaa-gurgurtaa akka gaaritti qorata, tilmaamsi gatii qabeennaa madaalawaa fi gayaa tahuu isaa sirnaan mirkaneeffatuu dhaaf.

Mootummaan Magaalaan Minneapolis alaa fi keessa mana keetii yoo diqqaate waggaa shanitti wayta takka dhufee, wanni haarofni itti dabalte ijaartuu ykn bakki diigame ykn fooyyeffame jiraatuu hubatee toohatuun dirqama isaati. Haatahu malee, Toohataan jedhame bara baraan dhufee qabeenna kee toohatuu baatus, gatiin ykn herregni gatii mana sanii meeeqa tahuun akka irra jiru, haala gatii gabayaa naannoo hordofee, gatii qabeenna keetis haaluma saniin ramadee kaaya.</td></tr>
<tr><td>Toohataan dilaala tilmaamu, seera mootummaan kutaa qabeenna mara tarreessee itti ramadee baase hundee taasifatuudhaan, qabeenni kee bara tare maaliif akka oolfame (fakk. mana keessa jiraatan, mana daldalaa, lafa handhuuraan argattee, lafa handhuurummaa hin qabne, lafa biilsaan (apaartmentiin) irratti ijaarame, lafa qonnaa, kkf.)</td></tr>
<tr><td>Abbootii qabeenyaa-tti waggaa hunda, Beeksisni Tilmaamsa (Value Notice) gatii ji’a Bitootessaa (March) itti kennama.</td><td>Toohataan tilmaamsaa, gatii fi ramaddii sadarkaa qabeenni kee irra jiru herrege baasee akka Beeksisa Gatii (Value Notice) tti waggaa waggaan baatii Bitiootessaa (March) sitti erga. Achi keessatti, gatii fi ramaddii waggaa dabree tii fi ka baranaa akeekuudhaan dilaalli baafamus meeqa akka tahuu qabu sii hima.</td></tr>
<tr><td colspan="2">Abbootiin qabeenyaa martinuu Beeksisa Gatii (Value Notice) ka isaanitti ergame akka gaaritti XIINXALLANII gatii qabeenni isaanii itti tilmaamame irraa ayyama ykn diddaa qaban akka murteessan gorsina.</td></tr>
<tr><td rowspan="2">Odeeffanno Beeksisa Gatii (Value Notice) keessatti ibsame irraa yoo mormii qabaatte …</td><td>Dura aangawoota tilmaamsaa ka xalayaa beeksisa san irra lakkoobsi bilbila isaanii jiru waamii mormiin kee maal akka ta’e wajjiin dubbadhu. Akkaataa tilmaamsa gatiitii fi ramaddiin qabeenna keetii ka bara sanii itti kaayame sii ibsu. Yoo dogoggorri godhame jettee ka amantu taye, odeeffannoo barbaachisu martinuu keessa deebi’amee laalamee tilmaamsi biraa akka geggeeffamu gaafatuu ni dandeessa.</td></tr>
<tr><td>Malli biraa ammoo, walitti dhufiinsa Boordii Iyyannoo fi Madaalinsaa kan Magaalaa Minneaapolis ykn walgahii Open Book Meetings jedhamu kan iyyannoof, marii fi akkasumas akkaataa gatii fi ramaddiin bara haarawaa itti geggeeffame keessa baruuf waggaa waggaatii baatii Bitootessaa walgawu irraa qooda fudhatuu dha. Yoo dogoggoratu jira jettee ka amantu tahe ammoo, walgayiin odeeffannoon tilmaamsi sun irratti hundeeffame keessa deebi’ee akka sii laalmu beellama gaafatuu ni dandeessa.</td></tr>
</table>

	Gatii aangawichi Tilmaamsaa qabeenna kee itti shallagetti gurguruun narraa hin malu jettee yoo amante tooftaaleen biraa ka iyyannoo itti dhiheeffattus ni jiran. Fakkeenyaaf, yoo barbaadde ogeessa tilmaamsaa ka dhuunfaatiif horii baaftee erga guuttummatti qabeenna jedhame san shallagsiifattee booda aangawoonni Magaalaa keetii akka ilaalan itti dhiheeffadhu. Yookaanii ammoo, Manni Murtii Dilaala Minnesotaa akka dubbii san sii laalu iyyannaa itti dhiheeffatuu ni dandeessa.
Tarkaanfiin kanatti aanu,**dameewwan dhaaba mootummaa naannoo martinuu baajata isaanii kurfeeffatuudha** – kunis manneen barnootaa ka aanaaleetiif, Magaalaa Minneapolisii fi aanaalee biroo addaa ka dilaalaa tiif, jechuun fakkeenyaaf gurmuu Metropolitan Council jedhamu fa'aaf maallaqa meeqa haga barbaachisu herregu dabalata.	
Mootummaaleen naannoo dilaala bara itti aanuu irratti daballii ol-aanaa gochuu isaanii duratti, maaliif eda'iinsi akka babaachise ummata walitti fidanii itti himuun dirqama seeraati. Mariin jedhame kun, wayta heddu gara dhuma **baatii Hagayyaa ykn** jalqaba **baatii Birraa** geggeeffama; dameewwan mootummaa naannoo daballii dilaalaa san irrattii gara **walakkaa baatii Birraa** sagaleen murteessuun waan irraa eegamuuf jecha. Dilaalli murteeffame haga labsamee gad tahuun ni mala malee, haga labsamee ol tahuu hin danda'u.	Dameewwan mootummaa naannoo kanneen akka mana barmoota aanaaleetii fi Magaalaa Minneapolis - bajata bara dhufuu **badheessaa fi ganna** waggaa dabree keessa qopheessan. Waa'ee bajata mootummaa naannoo irraa ykn doolarri dilaalaan guuramu maalirra akka oolfamu beekuuf fedhii yoo qabaatte, guyyaa fi bakka murtiin itti kennamuu fi mariinis itti geggeeffamu aangawoota dhimma dilaala gaafadhuu irratti hirmaadhu. Kana males, dameeleen mootummaa naannoo marii dhimma bajataa ykn walgayii bajata baafatuuf geggeessan irratti argamuu ni dandeessa.
Mootummaaleen naannoo waayee bajata isaanii irratti erga mari'atanii booda, bajatni herregame sun murtiif dhiheeffama.	Bajatni dameewwan mootummaa naanoo martinuu, maallaqa birkkiiwwan hundinuu hojii itti deemsisan (saganataalee fi tajaajiloota ummataa achi jiraatuuf oolfamu) dabalatee, dilaalli eda'amu yookaanis qaamni mootummaa hojii isaa ka bara sanii geggeessuuf ummata dilaala baasu irraa horii meeqa akka barbaadu if keessaa qaba.
Waajjirri Toohataa Tilmaamsaa ka Magaalattii, qabeenna Magaalaa Minneapolis keessa jiru hundaaf **dilaala qabeennaa herregee** bara dhufiif dursee qopheessee kaaya. Gatiin baafamu kun malaanii miti. Kompiyuutaraa fi ogeessa mooyxannoo qabuun herregamee kaayama.	
Dameewwan mootummaa naannoo maraafuu erga baajatni yaadame qopheeffamee xumuramee booda, **Ibsi Dilaala Herregamee (Proposed Tax Statement)** kan yeroo heddu maqaan isaa **Truth-In – Taxation** jedhamu maxxanfamee **Afraasaa 10** booda garuu, **Afraasaa 25** dursee namoota magaalaa Minneapolis keessaa qabeenya qaban maratti ergama.	***Ibsi Dilaala Herregamee (Proposed Tax Statement)*** biilii akka baaftuuf sitti ergamee miti; yoo dameewwan dilaala naannoo ka dilaala qabeenyaa murteessan irratti ka waliigalan tahe, dilaalli ati baasuuf jiraattu maal akka tahu sii akeekuufi. Ibsi sun dilaala baranaa tarreessuudhaan ka amma yaadame akkam akka taye addaan baasee hima. Akkasumas gurmuun **Truth in Taxation yoomii fii eessatti akka walgayiiwwan** waggaa waggatti deemsisu ka dilaala herregame irratti akka ummanni yaada dhiheessu ka hiree saaqu **tarreessee hima** ibis sun. Walgayiiwwan waggaa ka gurmuun Truth in Taxation jedhamu geggeessu, aangawootni mootummaa naannoo bajataa fi dilaala qabeenyaa ka bara dhufuu ka sagantaalee fi tajaajilootaaf nu barbaachisa jedhanii amanan murteessuu duratti yaada kee kennatuuf hiree boodaati.

Tarkaanfiin boodaa ka adeemsa bajataa bara hunda, guyyaalee haga seensa **Muddee 20-**tti dhihaatan keessatti raawwatama. Mootummaaleen naannoo bajata isaanii ka bara dhufuu baatii **Muddee** keessa murteessuu qaban; akkasumas odeeffannoo dilaala qabeennaa isa xumuraa murteessuuf barbaachisuus herreganii dhiheessutu irraa eeggama.	
Ibsi dilaalaa qabeenyaa (Property Tax Statements) hangi **“**qabatamaan” – ka akka “yaadaatti dhiheeffame” jechuu osoo hin tahin – **dilaalli qabeenyaa ka waggaa san baafamu meeqa akka tahe ka ibsu, gara dhuma baatii Bitooteessaa** abbootii qabeenyatti ergama.	Hubachiisa: Manneen qabeenna warren warshaa ommeshaatiif ibis dilaalaa baatii Eblaa keessa ergama.
Irra hedduun abbootii qabeenyaa dilaala qabeenyaa ka waggaa **baasii wayta lamaatti**, jechuun ka duraa **Ebla 15** fi inni lamaffaa **Onkoloolessa 15** baasan.	Naamootni Hennepin County keessa jiraatan dilaala qabeennaa ifirraa basuuf karaa heddu qaban. Karaalee jedhaman akka gaaritti keessa beekuuf daandii qunnamtii ka armaa gadiitti gargaarame: http://www.co.hennepin.mn.us/ Guyyaaleen biraa ka dilaalli itti baaftu: **Guyyaan horiin itti baafamuu qabu yoom akka tahe Ibsa dilaala qabeenyaa** irra ilaali; walakkaan lammataa ka dilaala lafa qonnaa Afraasaa 15 baafama. Dilaalli manneen warshaa oomishaa wayta heddu Hagayya 31 fi Afraasa 15 taya.
Website-n Hennepin County waayee gatii, akkaataa qabeenyichaa fi dilaala qabeenyaa ilaalchisee odeeffannoo bal’aa qaba. Daandiin qunnamtii dhimma asii olitti ibsamee gara haajaa beekuu barbaaddutti si geessa. Website-n Hennepin County kunoo kana: http://www.co.hennepin.mn.us/	

Tilmaamsa Qabeenya Keetii Ilaalchisee Akkaataa Itti Iyyattu

Dilaala qabeenna kiyyarra kaayamerraa mormii yoo qabaadhe filmaata maal qaba?

Beeksisa Gatii ka waggaa mara ji'a Bitootessaa keessa si gawu erga akkaan xiinxallitee booda, gatii fi ramaddii qabeennaa keetiif moggaafame irraa yoo mormii qabaatte karaan itti iyyannoo dhiheeffattu baay'etu jira. Karaaleen jedhaman akka armaa gaditti gabaabatti ibsaman taya.

Dhimma si yaadchise hojjataa waajjira Toohataa Tilmaamsaa ka Magaala Minneapolis wajjiin irratti dubbadhu

- Karaa fi herrega gatiin qabeenna keetii itti murteeffame irratti
- Akkaataa qabeenyaa saniitii fi jijjiramni bara dabree yoo jiraate ilaali
- Bittaa-gurgurtaa naannawa jiraattuu fi haala gabaya naannoo sanii ilaali
- Malaa fi tarkaanfiiwwan itti aanu hojjataa waajjira Toohataa Tilmaamsaa waliin dubbadhu
- Sii fi hojjataan waajjira Toohataa Tilmaamsaa yoo walii hin galiin, iyyannoo itti fufsiisuuf hireewwan at qabdu kunooti.

Mana Murtii Dilaalatti kallattiin

Iyyata Furuuf Sadarkaalee Sadeen Xiinxallaa

Boordii Iyyannoo fi Madaalinsaa kan Magaalaa Minneapolis-itti Iyyatuu

- Boordiin baatii Caamsaa fi Eblaa walgaha; uunkaa iyyataa argatuu fi beellamas qabatuuf waajjira Barreessaa Magaalattii waami
- Kallattiin koottuu iyyadhu, xalayaa ykn bakka-bu'aa ergadhu
- Yoo kanattis hin quufin, Boordii Hennepin County Madaalinsaatti iyyadhu

Boordii Iyyataa fi Madaalinsaa kan Hennepin County-tti Iyyatuu

- Duraa Boordii Iyyataa ka Minneapolis duratti dhihaatuu qabda
- Boordiin baatii Waxabajjii walgaya, uunka iyyataa waajjira Hennepin County kan Tajaajila Dilaala-baaftotaa bilbilaan dubbisi
- Kallattiin koottuu iyyadhu, xalayaa ykn bakka-bu'aa ergadhu
- Yoo kanattis hin quufin, Boordii Mana-mutii dhimma Dilaala ka Minnesota-tti iyyadhu

Iyyannoo gara Mana-murtii Dilaala Minnesota

- Iyyannoon haga baatii Caamsaa 30 ka bara dilaalli itti baafamuutti dhiheeffamuu danda'a
- Barreessituun Mana-murtii Dilaalaa lakkoofsa 651-296-2806 qunnamuun ni danda'ama. Waajjirri kun galmeewwan deeffannoo dhimma mana Murtii-murtii Dilaalaa fi unkaawwan iyyannoo galfatuuf barbaachisoo ta'an sii ergan. Iyyannoo galfataaf mahallaqatu baafama.
- Abukaatoo qabaatuun dirqamaa miti, garuu haala dhimma keetii xiinxallii murteeffadhu.

Damee Aadii

- Qabeenna ankaakuu hundaaf oolfamuu danda'a
- Qabeenna $300,000 olitti tilmaamameef oolfamuu danda'a.
- Abukaatoo qabaatuun gaariidha.
- Murtiin kennamu, Mana-murtii Muummichatti iyyatuun ni danda'ama

Damee Himata Qabeenna Didiqqaa

- Qabeenna lafa manaa ta homestead jedhamuuf iyyannoo tokkoon manuma tokko
- Qabeenna lafa manaa ta homestead ta gatiin $300,000 gadi tahe
- Abukaatoo hin barbaachisu
- Murtiin kennamu ka xumuraa taya

Qabeenna gara Homesteadi-tti Jijjiirsisuu

Maaliif namootni ramaddii homestead argatuuf iyyatan?
Sagantaan Jiraattoota Minnesotaa-f dilaala qabeennaa gad irdhisuuf kaayame Homestead jedhama. Kutaan Minnesotaa namootni martinuu odeeffannoo mana keessa jiraatanii fiduudhaan dilaalli irraa akka gad irdhatu akka taasisan gorsa. Fakkeenyaaf, ramaddiin homestead mana keessa jiraatan irraa waggatti dilaala $304 gad irdhisuu danda'a.

Abbaa qabeennaa jechuun maali?
Seeraan abbaa qabeennaa jedhamuuf, hojjaa (galmee seeraa) ykn kontraata akka ragaatti wabii tahu qabaatutu sirra jira. Hojjaan tokko seeraan fudhatamaadha ka jedhamu, yoo galmeen sun Waajjira Galmeessaa Hojjaa ka Hennepin County biratti galmeeffame qofa.

Eenyu-fa'atu mirga akkanaa qaba?
Yoo lafa manaa qabaattee, **atii** fi firri ulaagaa kaayame guutu kee tokko baatii **Muddee 1**, dura itti galee yookaan qabate, ramaddii homestead jedhamuuf iyyatuu ni dandeessa.

Qabatuu yookaan itti-galuu jechuun maali?
Atii fi abbootiin qabeennaa kanneen biraa martinuu mana san bakka jireennaa taasifatu qaban - jecha gara biraatiin, achi keessa jiraatutu sirra jira jechuudha. Yeroo fi maqumaaf achi jiraatuun kee ramaddii homestead siin argamsiisu. Qabeenni sun dhuunfaa namoota lamaafi achii olii yoo tahe, ramaddiin homestead ka *hanquu* ykn ka gamisaa argattan.

Yoom iyyatuu qaba?
Mana bittee akkuma itti godaantetti daddaftee iyyannoo galfatuu qabda. Mana ramaddii homestead keessa hin jirre bittee, Muddee 1 yoo itti galtee, ramaddii homestead argatuuf Muddee 15 dura iyyatte, herregni dilaalaa ka homestead bara itti aanu siif eegala. Manni tokko erga ramaddii homestead argatee booda, qabeennuma abbaaf moggaafameef akkuma tayetti yoo ture, abbichi yoo keessaa hin godaanin ykn nama biraatti yoo dabarfame hin gurguramin rammaddiin homestead irraa hin mulqamu.

Yoo manicha gurgure hoo?
Gaafa mana san gurgurte ykn keessaa godaante, seerri kutaa guyyaa 30 kessatti Toohataa Tilmaamsaa ka Magaalattii-tti beeksisutu sirra jira jedha. Guyyaa 30 jedhame keessatti yoo toohataa jedhametti beeksiuu dhabde, dilaala dhufu akkuma gatii manicha gita saniitiif sirnaan baafamuu qabuutti, yakkis irratti dabalamee baafta.

Manni kiyya gara firaatiin ramaddii homestead argatuu ni dandahaa?
Ee, firoonni ulaagaa gaafatamuuf gayaa tayan bakka-bu'aa abbaa-qabeenyaa tahanii mana san keessa yoo ka jiraatan tahe. Firoonni sun dhalootaan, guddifata seeraan beekameen yookaan fuudhaa-heerumaan ulaagaa gayaa qaban jechuudha. "Fira abbaa qabeenyaa" ka jechisiisu, ilmo ufii, ilma yookaan intala warri wal-fuudhan lameen, wal-fuudha duraa irra fidatanii waliin jiraatan, obboleettii yookaan obboleessa haadha warraa yookaan abbaa-warraa, haadhaa-abbaa ufii, haadhaa-abbaa gara wal-fuudhinsaatiin itti firooman, warra soddaa, ilmoo akkoo yookaan akaakayyuu tayaniif, akkoof-akaakayyuu, obboleessa, obboleessaa haadha yookaan abbaa warraa, obboleettii, obboleettii haadha yookaan abbaa warraa, adaadaa (haboo), abbeeraa (adeera) yookaan eessuma, dubrii yookaan ilma obboleessaa ykn obboleettii, miseensota madhaa-maatii gamtaa qonnaatii fi warra gurmuun waliin gotanii.

Daangaalee:
1. Dilaalli qabeenna homestead ka mana firri keessa namaa galuuf kennamu, ka osoo abbaan keessa galee silaa aragtu caaluu hin danda'u.
2. Manni boqata bashannanaa ka shiinkaa bonaa yookaan gannaa qofaaf oolfamu ramaddii homestead argatuuf firri abbicha manaa waggaa afuriif keessa qaluu qaba.
3. Mana ramaddii homestead tahe irraa abbicha manaatis tahii firri abbichaa, horii dilaalaraa waggatti namaa deebifamu falamatuu hin dandayan, yoo firichi jedhame mana san irraa haga tokkos ta'u abbaa qabeennaatti lakkaahame malee.

Yoo seera homestead cabse ykn sobaan mirga homestead himadhe maaltu narra gaya?
Yoo sobaan mirga homestead falmatte hidhaa waggaa tokko hin caalleen ykn adaba $3,000 ykn lameeniinuu yakkamta.

Manni gurguramee ykn keessaa godaanamee, bakka guutummaan itti galamu tahuun hafu isaa guyyaalee 30 keessatti waajjira toohataa tilmaamsaa-tti yoo HIN himamin, ramaddiin homestead manicharraa haqamee, abbichis adabama.

Ramaddii homestead argatuuf akkamitti iyyadha?
Abbootiin manneen haarawaa kan Magaalaa Minneapolis keessa jiraatan, erga mana isaanii haaroytichatti erga galanii booda, poostattii fi faaksiin erguudhaan, ykn qaamaan gara waajjirichaa dhufuudhaan iyyatuu danda'an. Abbaa qabbeenna sanii tahuu keetii fii ati ykn firri ulaagaa gayaa qabu kee manicha keessa galaa jiraatuu, Waajjira Toohataa Tilmaamsaa ka Magaalattii-tti himi. Waan jettu maraaf galmee ragaa sii tahu waajjira Toohataa Tilmaamsa Magaalatti-tti dhiheessi. Faaksiin, ergaa gara mana poostaatiin ykn kallattiin iyyatuu ni dandeetta.

Ramaddii Homestead kallattiin, poostaan ykn faaksiin gaafadhu:
Teessoo fi karaan:
City of Lakes Building
309 2nd Av S Room 100
Minneapolis, MN 55401-2234
Ykn Faaksiin: 612 673-3538

Akka abbaa qabeennaatti, gara-galchaa galmeewwan armaa gadii dhiheessutu sirra jira:

- Waabii hojjaa, hojjaa waliigaltee kontraataa, ykn sartafikeeta abbummaa, kkf dhiheessuudha akka ragaa abbummaatti
- Gara-galchaa Sartafikeeta Gatii Abbaa-lafummaa (Certificate of Real Estate Value-CRV), ka waajjira Galmeessaa Hojjaatti kanaan dura kennameef akka ragaatti
- Lakkoofsa Sooshaal Sakkuuritii abbootii qabeennaa ykn Lakkoofsa Eennummaa ka Dilaala-baaftotaaf kennamu (Individual Taxpayer Identification Number-ITIN) ka abbootii qabeennaa ykn ammoo ka firoota ulaagaa seera mootummaa kutaaf gayaa tayanii
- Guyyaa jiraattonni manichatti godaanan beekuun ulaagaa homestead gaafatu irraahi.
- Lakkoofsaa bilbilaa ka guyyaa irratti argamtu ykn daandii qunnamtii, ka wayta dhimma kee ilaallu, iyyata dhiheeffatte ilaalchisee gaafii yoo qabaanne ittiin si gaafatnu

Fira Ulaagaa gayaan mirkaneeffame ka qabeenna ramaddii homestead-f iyyata galfate taate, odeeffannoo armaa olii irratti dabaluudhaan, uunkaa iyyata firummaa fi odeeffannoo armaa gadii:

- Gara-galchaa waraqaa dhalootaa ka hariiroo firooma namichi mana keessa galu abbicha manaa wajjiin qabu mul'isu. Galmee fuudhaa-heerumaa, xalayaa guddifachaa, xalayaa ajajja mana murtii, ykn galmeewwan biraa ka firri mana keessa galu abbicha manaa wajjiin qabu mul'isu
- Waraqaa Hayyama Konkolaataa Oofinsaa ykn Waraqaa Eenyummaa ka mootummaa Kutaa ka teessoon fira mana homestead keessa galuu agarsiisu
- Galmeewwan biraa ka yoo barbaachisaa taye gaafatamuun kee malu

Gaafii ramaddii homestead ilaalchisee galmeen barbaachisu erga waajjira keenna dhaqqabee booda, uunkaan iyyata homestead gara mana poostaatiin sitti ergama. Wayta xalayaan sun si gawu, odeeffannoon achirra jiru sirrii tahuu laaluudhaan, namni abbaa qabeennaatti lakkaawamuu fi ka manicha keessa galu martinuu mallatteessuu qaban. Waraqaan mallatteeffame sun baatii **Muddee** guyyaa **15**-**ffaa** dura Waajjira Toohataa Tilmaamsa dilaalaatti deebisi akka tilmaamsa waggaa dhufuutiif sii dhaqqabu.

Iyyata san baatii **Muddee** guyyaa **15**-**ffaa** duratti yoo deebisuu baatte, qabeenni kee ramaddii homestead dhaba.

Maaliif lakkoofsa Sooshaal Sakuuritii himuun dirqama ta'e?
Lakkoofsi Sooshaal Sakkuuritii odeeffannoo handhuuraa tahus, akka seera Kutaa Minnesotaa-tti, namuu ramaddii mirga homestead argatuu duratti, lakkoofsa kana dhiheessuu qaba. Lakkoofsi Sooshaal Sakkuritii kun abbootiin ykn firoonni abbootii qabeenyaa kanneen amma ramaddiihomestead iyyaataa jiran, kanaan dura kutaa kana keessatti iyyata dhimma kana fakkaatuu dhiheeffattuu isaanii qoratuuf oolfama.

Biilsaa apaartmentii qaba; inni kun ramaddii homestead naa argatuu danda'aa?
Biilsaaleen apaartmentii kanneen murna afur ykn achii ol qaban fi manneen ankaakuu biraallee ramaddii homestead argatuun, wayta heddu namoota achi keessa jiraatan irraa dhibbeentaan meeqa ka abbaa qabeenna tahuun isaanii walumaagalatti laalmeeti murteeffama.

Manneen warshaa ramaddii homestead argatu dandawuu?
Eeyyeeni, abbichi ramaddii sanii iyyatu sun yoo abbaa warshichama saniituu tahe qofa. Kun tahuuf, galmeewwan barbaachisanii fi garagalchaan Sartafikeeta Abbummaa dhiheeffamuu qaban.

Qabeenni lafaa ("Life Estates") homestead tahuuf ulaagaa ni guutaa?
Eeyyeeni, qabeenni "life estate" jedhamu kana irraa dhala argame hojjaa irratti yoo mul'atee fi qabeenni kunis ulaagaalee homestead yoo guute ni taha.

Manni dhabbata kampanii ramaddii homestead argatuu dandayaa?
Manneen dhaabbata kampanii irra hedduun ulaagaa ramaddii homestead ni guutan. Kanaaf at'uuf, Sartafikeetni Dhaabticha mul'isu waliigalatti guutamee aangawaa Toohataa Tilmaamsaa kan Magaalaa Minneapolisiin mirkaneeffamuu qaba; ykn iyyanni dhaabtichaa Toohataa Tilmaamsaa tiin akka qoratamu itti kennama. Odeeffannoo irra caalaaf Waajjira Toohataa Tilmaamsaa ka Magaalaa Minneapolis lakkoofsa 612-673-2382 bilbilii qunnami.

Akkaataa homestead keessatti wanni ramaddii "addaa" jedhamu jiraa?
Eeyyeeni, namootni ija hin qabne, namootni irdhina qaamaa qaban, namootini dirree lolaatti qaamni miidhame fi jarreen humna waraanaa keessa tajaajilan hiree kana argatuu ni dandayan. Kun mataa isaatti, ramaddii homstead ka 1b lakkaawamu irraa haga diqqaadha. Odeeffannoo irra caalaaf, ykn gaafiilee addaatiif deebii argatuuf, Damee Murna Galii Minnesota ka Dilaala Qabeennaa, (651) 556-6109 ykn 1-800-627-9094, exsteenshina 6-6109, bilbilii , warri TDD/TTY gargaaramtan: Tajaajila Minnesota ka 1-800-627-3529; waamii ekisteenshina 800-652-9094, ekisteenshina 6-0335 gaffadhu.

Ramaddiiwwan Addaa ka Homestead - Namoota Ballaa, Naafa fi Irdhina Qaamaa Qabaniif

Kutaan Minnesota qabeenna homestead ka namoota armaa gadiitiif ramaddii addaa qaba:

1. **Jaamaaf**, nama ija hin qabnee fii warra isaa ykn
2. **Namoota guutummatti qaamni** irdhate, ka dhaabni mootummaa ykn jaarmayni gargaarsaa beekkannaa kenneef ka ulaagaa ramaddii homestead keessa jiraatuu guutu.

Ramaddii homestead ka namoota irdhina qaamaa qabanii isa 1b, akkuma ramaddii homestead ka biraa ulaagaalee guutamuu qabutu jira, haala namoota irdhina nafaa qabanii dabalatee. Ramaddiin kun, ka qabeenna biraatiif kaayame irraa adda. Sababaa kanaaf, Dhameen Minnesota ka Galii, ramaddiin namoota irdhina qaamaa qabanii, manarraa gara mana biraatti tarkaanfatuun akka irra jiru akeeka.

Manneen sagantaa **ramaddii homestead 1b,** Dameen Minnesota ka Galii -ttu bulcha.
Dilaala-baaftonni ramaddii addaa ka homestead isa namoota qaamni irdhatee kaayameef iyyatuu fedhan, **Dhaaba Minnesota ka Galii tti Onkoloolessa 1** iyyannoo galfatuu qaban, akka dilaala bara dhufuu dhaqqabatauu toluuf, Uunkaa iyyannoo ykn odeeffannoo irra caalaaf, Damee Minnesota ka Galii (651) 556-6087 bilbilii gaafadhu. "Galmeen-The Truth in Taxation" jedhamuu fi galmeen dilaalaa haqa ramaddii homestead kana calaqqisutu irraa eeggama.

Sagantaa Dilaala Gad-irdhisuutii fi Sagantaalee Dilaala irra namaa Dabruudhaa
Dilaala ifirraa baasuu yoo dadhabe, karaan akka narraa itti irdhatu taasisu jiraa?
Dilaala-baaftota dilaalli hammi tokko itti eda'ame ykn dilaalli irra kaayame galii isaanii wajjiin ka wal hin madaalle yoo tahe, Kutaan Minnesota sagantaalee dilaala qabeennaa irraa itti gad diqqeessu lama qaba. Sagantaalee kanneen lameenuu Damee Minnesota ka Galii-ttu bulcha. Uunkaalee barbaachisu 651-296-4444 waamuun ykn daandii qunnamtii kompiyuutaraa ka Internetii Damee Dilaalaa: www.taxes.state.mn.us, irraa argatuun ni danda'ama. Lakkoofsa 651-296-3781 waamuu dhaanis odeeffannoon ni argatama.

Homestead Galii Hundee Taasifate Maali?
Faaydaan "**Homestead Galii Hundee Taasifate" *(Income Adjusted Homestead Credit)*** *ka* jedhamu, akka dilaalli kaayame galii namichi argatuun walsimatuu qabu hordofa. Sagantaa kanaaf ulaagaalee heddutu jira. Seerri bara 2001 tumame, jijjiirraa dilaala qabeenyaa ka bal'inaan taasifame wajjiin akkaataa hidhata qabuun, bu'uun dilaala irraa waggatti abbichaaf deebifamu gara $1,590 ol guddifame. Sagantaan kun galii hundee taasifata.

- Maatii ijoollee hin qabneef, muummeen ol'aanaan $85,210. Murtiin galii daballii maatii wajjiin haga $101,690 ol ka'a warra ijoollee shan ykn sanii ol qabaniif.

- Abbootii manneenii manguddootaa fi jarreen irdhina qaamaa qaban: galiin haga $104,740 taha maatiiwwan ijoollee shan ykn sanii ol qabaniif.

“Targeting” jechuun maali?

Sagantaan lammataa ka ***"Targeting"*** jedhamuun dilaalli dabalame (12%) yoo taye, dilaalli dabalames yoo diqqaate $100 taya horii bara 2005 irraa. **Abbootiin manaa kanneen Minneapolis akkaata sagantaa kanaatiin deebii maallaqaa argatu.**

Sagantaan Qabeenna Manguddootaa tiif Dilaala irra dabruudhaa Maali?

Ulaagaan bu’rri abbaan qabeennaa tokko umrii 65 ykn sanii ol tahuudhaan, galiin maatii isaa $60,000 gad tahuu dha. Kun irra dabruu jedhama malee dilaala irdhisuu miti. Dilaala san irraa dhala dhibbantaa shantu (5%) qabeenna san irratti heerregama.

Kun Sagantaa Qabeenna Lammiiwwan Manguddootaa tiif Dilaala irrra Dabruu jedhuuf akka tarkaanfii jalqabaa qofatti lakkaawama. Iyyataa fi deebii gaafii keetii argatuuf, Murna Dilaala Qabeenyaa ka Damee Murna Galii Minnesota: 651- 556-6109 ykn 1-800-627-9094, ekisteenshina 6-6109 waami, Namoonni TDD/TTY gargaaramtan: Tajaajila Minnesota ka Relay jedhamu 1-800-627-3529; waamaa 800-652-9094, ekisteenshina 6-0335 gaafadhaa.

Sagantaan Qabeenna Manguddootaa tiif Dilaala irra dabruudhaa akkamitti hojjata?
Kun sagantaa dilaala namaa dhiisuu miti – inni kun liqaa mootummaa irraa kennamu jechuu dha. Dilaala irra dabruu jechuun, mootummaa kutaattu ka kaawuntii keetiitiif sirraa horii baasa. Liqaan kun dhala qaba. Dhalti kun bara baraan laalamee sirreeffama, garuu dhibbeentaa 5 hin caalu.

Akkaataa sagantaa kanaatti, dilaalli qabeennaa ka sirra kaayame haguma fedhes yoo guddaa taye, galii argattu irraa waggatti harka dhibba keessaa sadih caalaa dilaala sanii baasuu hin qabdu. Ka sanirraa hafe mootummaa kutaattu baasa. Garuu, atii fi namootni qabeenna san sirraa dhaalan, mana san seeraan maqaa nama biraatti dabarsuu isaanii duratti, horii irra dabramee kuusame san baasutu isinirra jira.

Wayta iyyata waayee dilaala irra dabriinsaa dhiheeffattu – baasima keetiin – gabaasaa moorgeejii, warra akka waabiitti mana san si waajjin qabu, ykn dilaalli sirratti hafe yoo jiraate galmee bal’inaan ibsu dhiheessuu qabda. Yoma homaallee sirra hin jiraatinis, galmee dhugaa kana ibsu fiduun dirqama. Gabaasaan kunis, gaafa iyyannoo dhiheeffatturraa jidduu bultii 30 keessa ka qopheeffame tahuu qaba.

Sagantaa dilaala irra namaa dabru kanatti hirmaatuun fedhii malee dirqamaamiti. Yoo itti hirmaatte, liqaan dilaalaa sirra giraatuun qabeenna san irratti galmeeffama. Kanaafuu, mana san gurguratuu kee duratti, liqaan dilaalaa san baafamutu irra jira. Yoo ati duute ammoo, namootni si dhaalan, xalayaa beekkannaa abbooma abbaa qabeennaa seeraan aragtuu isaanii duratti, liqaa san baasutu irraa eeggama. Sagantaa kana keessatti hirmaatuu duratti, abukaatoo, ogeessa dhimma manneenii, ykn fira keetiin mari’adhu.

Sagantaaa *Qabeenna Manguddootaa tiif Dilaala irra Dabruu dhaa (Senior Citizen Property Tax Deferral),* eennu-fa’atu ulaagaa san guuta tahinna?

Ulaagaa sagantaa kanaa guutuuf, haalli armaa gadii **martinuu** guutamuu qaban:

1. Manni sun ka rammaddii homestead jala jiru, ka ammoo abbaan qabeenna ka keessa jiraatu nama umriin isaa waggaa 65 ykn sanii olii tahu qaba. Yoo ka haadha warraa fi abbaa warraa tayan ammoo, wayta mirgi dilaala irra dabruudhaa kennamuuf sanitti, isaan lameenuu yoo xiqqaate isaan namoota umrii 65 tahutu irra jira. (Ramaddiin homestead mana keessa galan ykn lafa qonnaa, ykn biilsaa manneen heddu ammate tahuun ni mala).
2. Galiin maatii ka waggaa iyyannoo galfataa jiran duraa $60,000 ol tahuu hin qabu.
3. Manni sun yoo xiqqaate, abbootii lameen keessaa nama tokkoon waggaa 15-f homestead jala ka ture tahutu irra jira, iyyannoon galfamuu duratti.
4. Qabeenna liqaan dilaala ka mootummaa kutaa ykn federaala irra jiru ykn kanaan dura itti murame tahuu hin qabu.
5. Liqaan hin baafamin ka warra moorgeejiitii fi ka biraallee yoo jiraate, gati qabeenni sun amma baasuun tilmaamamee dhibbarraa harka 75 caaluun irra hin jiru.

Sagantaa *Qabeenna Manguddootaa tiif Dilaala irra Dabaruudhaatiif (Senior Citizen Property Tax Deferral)* akkamitti iyyadha?
Iyyannoon waajjira Toohataa Tilmaamsaa ka Magaalaa Minneapolis irraa, akkasumas daandii qunnamtii kompiyuutaraa ka Damee Galii ka Minnesota: www.taxes.state.mn.us irraa argatuun ni danda'ama. Irra dabriin dilaala ka bara itti aanuu haga tokko argatuuf, **iyyannoon kun martinuu Adoolessa 1-tti galfamutu irra jira**. Akkuma umriin kee waggaa 65 guutetti, iyyata galfatuu ni dandeetta, garuu faaydaa irra dabruu dilaala haga waggaa dhufuutti hin argattu.

Liqaan Balaa Maali?
Liqaan roga kanaa, abbootii qabeennaa ka tasatti ykn osoo hin yaadamin balaan mana isaanii irra gayeef, ijaarmaya manichi harka dhibba keessaa shantamni (50%) ykn sanii ol hubamuudhaan keessa jiraatuuf ka hin tolle taye ykn faaydaa ala taye tin'isuuf kennama. Namootni mana ramaddii homestead qabanii fi kanneen hin qabnes balaan bifa kanaa yoo qabeenna isaanii irra gahe, akka dilaalli bara balaan sun gahe baafamu irra irdhifamu iyyatuu ni danda'an. Hangi irraa irdhifamu garuu, baatiiiwwan manni sun hubamee keessa godaanamee ona ture ykn haga inni faaydaa ala tahee ture ilaaluudhaan herregama. Itti -aansee, gatii manni sun wayta saniif itti tilmaameetu dilaala kaayameen heddummeeffama. Dhumarratti, murna santu (baatiiwwan haga manichi qullaa taa'etu 12-f hirama) bayii kaaniin heddummeeffama.

> Fakkeennaaf: Manni sun gatiin gabayaa irratti baasuu yoo $100,000 tilmaamamee, dilaalli qulqulluun $3,000 tahe yoo Adoolessa 10, 2003 balaan ibiddaantiin hubame, gaafa Afraasaa 7, itti galame. Hubaatiin saniif jecha gatiin $75,000 tahuudhaan tilmaamsi dhufus 75% ta'a. Herreguma kanatu dilaala kaayameen, $3,000 hiin heddummeeffama. Akka kanaan, manichaaf dilaalli muramu $2,250 taha. Horiin kun, baatii sadeen waggaa keessatti abbichi mana san keessa hin jiraatiniin heddummeeffamee, murna 3/12 herregamee, abbichi sun $562.50 argata (dilaala irraa irdhifamaaf).

Faaydaa wayta balaa namaa keenanmuuf akkamitti iyyadha?
Dura, Waajjira Toohataa Tilmaamsaa ka Magaalaa Minneaapolis waamii, hubaatii manarra gaye itti beeksisi. Faaydaa Matta'atti Kaawuntiin Hennepin namaa kennu argachuuf, iyyannoo guuttee waajjira Toohataa Tilmaamsaa ka Minneapolis itti deebisuu **gabda**. Kunis akkuma balaan su bu'etti daddaffiin tahutu irra jira. Kana males, garagalchaa gabaasaa inshuraansi akkuma si dhaqqabetti dhiheessuun barbaachisaadha. Boodarratti ammoo, wayta manichi akkataa itti galuun aanjawutti tolfamee dhumee ykn gurgurame, Waajjira Toohataa Tilmaamsaa ka Minneapolis itti himuu si barbaachisa.

Guyyaawwan Dhimma Dilaala Keessatti Bakka Guddaa Qaban

Amajjii	• **Amajjii 2** - Guyyaa gatii fi ramaddiin qabeennaa itti moggaafamu, akka tilmaamsaa toluuf jecha.
Guraandha	• Beeksisni Gatii tilmaamamee, Guraandhala ykn Bitootessa ergama.
Bitootessa	• Ibsi Dilaala Qabeennaa dhuma baatii Bitootessaa ergama. • Magaalaan Minneapolis walgahii Open Book jedhamu jalqabdi.
Caamsaa	• Gatiin tilmaamame irraa mormii yoo qabaattee iyyatuu feete, Boordii Iyyataa fi Madaalinsaa ka Magaalaa Minneapolis, waami beellama qabatuuf. • **Caamsaan 30-**ni Mana Murtii Dilaalaa ka Minnesotaa-tti iyyannoo dhiheeffatuuf guyyaa boodaati.
Ebla	• **Ebla 15** – Walakkaan (½) duraa ka dilaala waggaa wayta itti baafamu. • Boordii Iyyataa fi Madaalaa ka Hennepin Kaawuntii waamii beellama qabadhu, tilmaamsa gatii qabeennaa ilaalchisee yoo iyyatuu barbaadde. • Ibsi baasii dilaalaa gaafas gara manneen warshaatti ergama
Adoolessa	• **Adoolessa 1** – Sagantaa Manguddootaaf Dilaala irra Dabruudhaa tiif guyyaa boodaa ka iyyannoon itti dhiheeffamuu qabu.
Hagayya	• **Hagayya 31** - Manneen warshaa walakkaa (½) duraa ka dilaala waggaa wayta itti baafamu.
Birraa	
Onkoloolessa	• Onkoloolessa 1- Ramaddii Homestead isa addaa ka namootaa ija hin qabne, ka irdhina qamaa qabanii fi ka lola keessatti hubamanii tiif guyyaa Dame Galii ka Minnesotaa tti iyyannoon dhiheeffamu. • **Onkoloolessa 15**- Walakkaan (½) lammataa ka dilaala wayta itti baafamu.
Afraasaa	• Ibsi baasii dilaala qabeennaa ykn Ibsi Baasii Truth in Taxation guyyaa itti ergamu. • **Afraasaa 15** – Walakkaan (½) lammataa ka dilaala ka qabeenna qonnaa wayta itti baafamu. • **Afraasaa 15** - Walakkaan (½) lammataa ka dilaala waggaa ka mannen warshaa wayta itti baafamu.
Muddee	• Dameeleen mootummaan naannoo yeroo bajata isaanii ka xumuraa itti murtteessan. • Muddee 1 – Abbooti manneeniitii fi namoonni keessa jiraatan ramaddii homestead ka waggaa dilaalaa dhufuutiif guyyaa itti moggaafaman • Muddee 15 – Guyyaa irraa boodaa ka Ramaddii Homestead isa dilaala waggaa dhufuutiif itti iyyatamu.